TALAALLII COVID-19

HAQOOTA JIRAN ARGADHAA.

INFEEKSHINOOTA CABSANII DARBAN (BREAKTHROUGH INFECTIONS)

Namoonni COVID-19 dhan garmalee dhukkubsatan irra caalan isaanii talaalliiwwan isaanii yeroo yeroodhan hin fudhanne.

Waqtaawaa ta'uu jechuun dooziwwan lamaan talaallii limmoo lamaa fudhachuu, fi sana booda talaallii ittisa dabalaa fudhachuuf ulaagaa guuttan kamiyyuu fudhachuu jechuudha.

TALAALLIIWWAN DHIBEE HAMAA IRRAA ITTISU.

Yeroo infeekshiniiwwan cabsanii darban (breakthrough infections) mudatanitti illee, talaallichi namoota talaalaman hunda isaanii jechuun kan danda'amu garmalee dhukkubsachuu yookan du'a irraa ittisa.

TALAALLIWWAN COVID-19 NAGA-QABEESSODHA.

Talaallichi namoota sanyii, gosootaa fi umurii garaa garaa miliyoona dhibbaan lakkaa'amaniif naga-qabeessa ta'uun isaa mirkaneeffamee jira. Miidhaawwan masoo giddu-galeessa ta'an waan barataman yommuu ta'an, miidhawwan masoo talaallichaa hamaa ta'an baay'ee muraasaa fi namoonni baay'en isaan qabanis ni fayyu.

Talaalliwwan COVID-19 haala gaarii ta'een hojjetu.

Karaan hundarra gaariin ofii keessan, maatii keessanii, fi hawaasa keessan ittiin eegdan, talaalliiwwan COVID-19 keessan yeroo yeroon fudhachuudha.

Yoo yeroo yeroon hin fudhanne ta'e, carraan COVID-19 n qabamuu, gara malee dhukkubsachuu yookan du'uu, akkasumas namoota birootti daddabarsuu keessan baay'ee guddaadha.

INFEEKSHINIIWWAN CABSACNII CABSANII DARBAN ITTISUU DANDEESSU

Yoo talaalliwwan keessan yeroo yeroon fudhattan illee, yoo haguuggii godhattan isinii fi maatin keessan caalatti nagaa taatu.

Fageenya eeggachuun, namoota baay'ee wajjiin walitti qabamuu dhiisuu, fi yeroo mara harka keessan dhiqachuun, karaalee biroo ofii keessanii fi namoota biroof eeggannaa ittiin taasisaniidha.

OFII KEESSAN EEGAA. HAWAASA KEESSAN EEGAA. TALAALLAMAA.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

13 Sep 2022

Odeeffannoo dabalataaf: cdc.gov/coronavirus